Maqaa Ejensii Tajaajilaa
Teessoo

DEPARTMENT OF HUMAN SERVICES

* Guyyaa fi Yeroo
Lakkoofsa Dhimmaa:

Maqaa Iyyataa
Teessoo

# Yaadachisa Kununsa Fayyaa

BARBAACHISAA: TARKAANFII ULAAGAA GUUTUU IRRATTU DHIIBBAA UUMU BARBAACHISA. BEEKSISA GUUTUU DUBBISAA.

**Bu'a Kunuunsa Fayyaa**

**Maqaa Iyyataa- Lakkoofsa eenyummaa MNsure:**

| Guyyaa hojiirra oolu | Tarkaanfii | Gosa Haguuggii |
|---|---|---|
| Guyyaa | Mirkana'eera | MinnesotaCare |
| Guyyaa | Ulaagaa hin guutu | Gargaarsa Fayyaa |

**Odeeffannoo dabalataa fuulawwan armaan gadii irratti argama.**

- Galiin maatii keessanii ji’aa ykn waggaa daangaa baay’ina maatii keessanii keessa waan jiruuf GUYYAA jalqabbii MinnesotaCare argachuuf ulaagaa ni guuttu. (Seerota Minisootaa, Kutaa 256L.04 fi *256L.07).*

- **Galiin maatii keessanii daangaa baay’ina maatii keessanii ol waan ta’eef gargaarsa yaalaa argachuuf ulaagaa hin guuttan**. (Seera Dambii Federaalaa, Mata duree 42, Kutaa 435.603; Seerota Minisootaa, Kutaa 256B.056, Kutaa Xiqqaa 1a fi 4, fi 256B.06, Kutaa Xiqqaa 5)

## Odeeffannoo dabalataa dirqama nuuf kennuu qabdu

Odeeffannoo dabalataa kanneen armaan gadii irraa barbaanna:

**Maqaa-MNSure Lakkoofsa Eenyummaa:**
Lakkoofs Dhimmaa:

| Guyyaa Dhumaa | Odeeffanno Barbaadame | Sanadoota Fudhataman |
|---|---|---|
| Guyyaa | Tilmaama Galii Waggaa (PAI) | Waggoota 3’n darban keessatti ibsa gibiraa federaalaa yoo galchitan, galagalcha guutuu ibsa dhiyoo ta’e(unkaalee fi sagantaalee barbaachisoo ta’an hunda hammachuu qaba) kennaa. Yoo deebiin sababa jijjiiramatiin Tilmaama Galii Waggaa (PAI) keessan yoo hin calaqqisiifne, sanadoota armaan gaditti tarreeffaman kamiyyuu dabalatee, ragaa jijjiirama sanaa kennaa. Yoo waggoota 3 darban keessatti ibsa gibiraa federaalaa hin galchine ta’e, sanadoota armaan gaditti tarreeffaman kamiyyuu dabalatee ragaa PAI keessan calaqqisu kennaa.<br>• Nagahee ykn ibsa galii<br>• Ibsa barreefamaa hojjechiisaa keessanii<br>• Galagalcha cheekii (kaffaltii hojii ykn tajaajilaa)<br>• Galmee faayinaansii daldalaa<br>• Ibsa Baankii kaffaltii ibsu<br>• Ibsa dhala ykn bu’aa<br>• Xalayaa badhaasaa<br>• Ragaa gargaarsaa<br>• Nagahee ykn ibsa kiraa manaa fudhattan<br>• Ragaa gurgurtaa qabeenyaa (bu’aa ykn kisaaraa Kaappitaalaa)<br>• Ragaa galii ykn galmee gibirri itti kaffalamu kan biroo<br>• Ragaa galii yeroo-tokkoo |

- **Galagalcha ragaa tarreeffame kamiyyuu teessoo ejensii armaan olitti ibsame irratti ergaa. Odeeffannoon armaan olii guyyaa xumuraa ibsametti yoo hin kennamne, uwwisni kunuunsa fayyaa keessanii xumuramuu danda’a.**

## Uwwisa kunuunsa fayyaa koo akkamittan fayyadama?

### Yoo gargaarsa fayyaatiif ulaagaa kan guuttan ta'e:

- Waraqaa eenyummaa miseensaa Minnesota Health Care Programs (MHCP) kan lakkoofsa miseensummaa keessan agarsiisu ni argattu. Yeroo tajaajila argattan hundatti waraqaa eenyummaa miseensummaa MHCP keessanii ogeessa kunuunsa fayyaa keessaniif kennaa.

- Guyyaa uwwisaaf ulaagaa guuttan irraa eegalee tajaajila argattaniif kaffaltii yaalaa yoo qabaattan, dhiyeessaa kunuunsa fayyaa qunnamuudhaan dhiyeessaan kutaa Minisootaa akka kaffalchiisu gaafadhaa. Dhiyeessaan kaffaltii duraan kaffaltan isiniif deebisuu danda'a.

### Ulaagaa MinnesotaCare yoo guuttan:

- **Yoo pirimeemii MinnesotaCare qabaattan:** Uwwisa jalqabuuf kaffaltii guutuu raawwachuu qabdu. Kaffaltii jalqabaa erga raawwatanii booda uwwisni keessan guyyaa jalqaba ji'aatti eegala. Yoo hanga ammatti hin arganne ta'e, kaffaltii jalqabaa keessan poostaadhaan ni argattu. Kaffaltii daftanii nuuf kaffaluu yaalaa.

- **Yoo pirimeemii MinnesotaCare** kaffaluun isin irraa hin barbaachisu ta'e: Erga mirkanaa'ee booda uwwisni keessan guyyaa jalqaba ji'aatti eegala.

- Uwwisni keessan erga eegalee booda, waraqaa eenyummaa Miseensummaa Minnesota Health Care Programs (MHCP) kan lakkoofsa eenyummaa Miseensummaa keessan agarsiisu ni argattu. Yeroo tajaajila argattan hundatti waraqaa eenyummaa miseensummaa MHCP keessanii ogeessa kunuunsa fayyaa keessaniif kennaa.

### Gargaarsa Fayyaa fi MinnesotaCare'f:

- **Uwwisni kunuunsa fayyaa keessan karaa karoora fayyaa to'atamuun yoo kenname:** Waa'ee karoora fayyaa filachuu ilaalchisee odeeffannoo poostaadhaan ni argattu. Hanga unka galmee keessanii arganutti karoora fayyaa murtaa'e keessatti galmaa'uu dandeessu. Unka galmee keessanii erga fudhannee fi galmaa'uu keessan booda karoorri fayyaa waraqaa eenyummaa karoora fayyaa fi akkaataa tajaajila itti argattan ilaalchisee odeeffannoo isiniif erga. Yeroo tajaajila argattan hundatti waraqaa eenyummaa karoora fayyaa fi waraqaa eenyummaa miseensa MHCP keessan ogeessa kunuunsa fayyaa keessaniif kennaa.

- **Uwwisni kunuunsa fayyaa keessan tajaajilaaf kaffaltiidhaan kan raawwatamu yoo ta'e:** Minnesota Health Care Programs (MHCP) ogeessota kunuunsa fayyaa galmaa'an kan tajaajila uwwifame kamiyyuu isiniif kennaniif kaffaltii ni kaffala. Yeroo tajaajila argattan hundatti waraqaa eenyummaa miseensummaa MHCP keessanii ogeessa kunuunsa fayyaa keessaniif kennaa. Kaffaltii Dhiyeessitoota tajaajilaa argachuuf, gara Minnesota Health Care Programs Provider toora interneetii https://mhcpproviderdirectory.dhs.state.mn.us/ daawwadhaa ykn koodii QR kaasaa.

## Waa'ee yaadachisa kanaa gaaffii yoon qabaadhe hoo?

Gaaffii yoo qabaattan nuuf bilbilaa.

- Gaaffii waa'ee gargaarsa yaalaa yoo qabaattan, ejensii kaawuntii keessan ykn gosa keessaniif bilbilaa.
- Gaaffii waliigalaa waa'ee MinnesotaCare ykn gargaarsa yaalaatiif, DHS Health Care Consumer Support (DHS) 651-297-3862 ykn 800-657-3672 irratti bilbila.

Gargaarsa bilisaa naavigeterii irraa argachuu dandeessu. Haala mijeessaa afaan filattan naannoo keessanitti dubbatu argachuuf, gara https://www.mnsure.org deemuudhaan Gargaarsa Bilisaa argadhaa kan jedhu jala “Baafata Gargaarsa” kan jedhu cuqaasaa.

Yoo rakkoo dhageettii ykn dubbii qabaattan, tajaajila telekoomii rileey filannoo keessanii fayyadamuun nu qunnamaa.

## Jijjiiramonni ani dirqama gaabsuu qabu maaliidha akkasumas yoom gabaasuu qaba?

Kanneen armaan gadii dabalatee, jijjiirama hunda, gabaasaa:
- Eessa akka jiraattan
- Eenyu akka isin waliin jiraatu
- Galii
- Namoota akka hirkattootaatti ibsa gibira galii keessanii irratti tarreessuuf karoorfattan
- Inshuraansii fayyaa biroo jalqabuu ykn dhaabuu
- Karaa hojii inshuuraansii argachuu
- Ulfa ta'uu keessan ykn daa'ima haaraa qabaachuu
- Haala hidhaa
- Lammummaa ykn haala immigireeshinii

Yoo akka jijjiiramtan nutti hin himne fi poostaan deebi'e teessoo hin qabu ta'e, uwwisni keessan xumuramuu danda'a.

### Jijjiirama yoom gabaasuu qaba?

- Namni mana keessan keessa jiru tokko gargaarsa yaalaa yoo qabaate, jijjiirama kana guyyoota 10 keessatti gabaasaa.
- Yoo namni mana keessan keessaa uwwisa yaalaa hin qabu ta'e, jijjiirama kana guyyoota 30 keessatti beeksisaa.

### Jijjirama koo akkamittan beeksisa?

- Yoo namni mana keessan keessa jiru gargaarsa yaalaa qabaate, gara kaawuntii ykn dhaabbata gosa keessaniitti bilbiluudhaan jijjiirama kana beeksisaa.
- Yoo mana keessan namni kamiyyuu gargaarsa fayyaa hin qabu ta'e, jijjiirama kana Deeggarsa Fayyadamtoota Eegumsa Fayyaa DHS 651-297-3862 ykn 800-657-3672 tti bilbiluun gabaasaa.

## Gargaarsa mootummaa fudhachaan jira yoo ta’e baasii kunuunsa fayyaa koo deebisuun qabaa?

Yeroo tokko tokko, seerri federaalaa fi mootummaa naannoo, Minnesota Department of Human Services and local agencies baasii Sagantaan MA miseensota isaaf kaffale akka deebifatan gaafata. Adeemsi deebisanii dhaabuu kun Sagantaa Deebisuu fi hanga liqiin kaffalamuutti mirga qabeenya qabaachuu Minisootaa MA tiin kan raawwatamudha. Yoo MA irratti galmooftanittu ta’e kanneen armaan gadii dubbisaa.

Yoo MA keessatti galmooftanii jirtu ta’e, erga duutanii booda, Minisootaan baasii tajaajilaa fi deeggarsa yeroo dheeraa (LTSS) kamiyyuu kan isin umurii keessan 55 fi isaa olitti fudhattan isiniif haguuguu yaala. LTSS kanneen dabalata:

- Tajaajila kunuunsaa manatti kennamu
- Tajaajila manaa fi hawaasaa irratti bu’uureffate
- Baasii hospitaalaa fi qoricha ajaja ogeessa fayyaatiin walqabatee bahu
- Uwwisa tajaajiloota kanaaf kaffaltii(ibsa) kunuunsa bulfame

Erga duutanii booda, yoo hiriyaan gaa’elaa keessan lubbuun jiru ta’e, daa’ima waggaa 21 gadi yoo qabaattan, ykn daa’ima qaroo hin qabne ykn qaama miidhamummaa qabu yoo qabaattan, Minisootaan baasii isaanii hin haguugu. Hiriyaan gaa’elaa keessan erga du’anii booda, Minisootaan baasii MA LTSS keessan qabeenya haadha warraa keessanii irraa deebifachuuf yaaluun dirqamadha. Haa ta’u malee, daa’ima umuriin isaa waggaa 21 gadi ta’e, kan qaroo hin qabne ykn qaama miidhamummaa qabu yoo qabaattan, baasii deebifachuun caalaadhumatti ni harkifata. Ijoolleen keessan tajaajila MA isin argatan kamiyyuu ilaalchisee mootummaaf qabeenya isaanii irraa deebisuu hin qaban.

Akkasumas, Minisootaan baasii tajaajila MA miseensi MA umurii kamiyyuu dhaabbataadhaan yommuu dhaabbata yaalaa keessa jiraachaa ture argate hunda deebisuuf dirqama qaba. Haa ta’u malee, miseensonni MA ulaagaa guutuu Galii Waliigalaa Fooyya’ee Sirreeffame (MAGI) jalatti tajaajila argachuuf ulaagaa guutan tajaajila umurii 55 dura argatan deebi’anii gaafachuu hin danda’an.

Mootummaan osoo isin hin du’in dura baasii MA deebifachuuf qabiyyee lafaa keessan irratti qabiyyee MA kennuu danda’a, kun kan ta’u garuu yoo haala dhaabbataan dhaabbata yaalaa keessa jiraattan qofadha. Akkasumas mootummaan du’a booda baasii MA deebifachuuf beeksisa himannaa ta’uu danda’u, kan akka mirga qabeenyaa utuu liqii hin xumurin qabaachuu, qabeenya hin sochoone irratti dhiyeessu ni danda’a. Itti gaafatamummaa baasii MA deebisuuf qaban kanneen armaan gadii irratti galmaa’uu danda’u:

- Qabeenya jireenyaa ykn dantaa kireeffannaa waliinii qabeenyaa hin sochoone irratti
- Qabeenya dhaabbata dhuunfaatti qabdan
- Qabeenya dhaabbataa nama biraa wajjin qabdan

Yoo gaaffii addaa qabaattan akkamitti Deebifannaa qabeenyaa MA fi liqii haala keessanii fi karoora qabeenya keessan irratti dhiibbaa uumuu akka danda’u, garee deeggarsa seeraa ykn abukaatoo seeraa dhuunfaa wajjin haasa’uuf mirga qabdu. Minnesota Department of Human Services gorsa seeraa isiniif kennuu hin danda’u. Odeeffannoo dabalataatiif, http:// mn.gov/dhs/ma-estate-recovery/.daawwadhaa

# MIRGOOTA OL'IYYANNOO BARBAACHISAA! KANA AMMA DUBBISAA!

## Tarkaanfii uwwisa kunuunsa fayyaa koo irratti fudhatame irratti yoo walii hin galle ta'e hoo?

Murtiin himannaa kunuunsa fayyaa keessan irratti kenname dogoggoradha  jettanii yoo yaaddan ol'iyyannoo dhiheessuuf mirga qabdu. Ol'iyyannoo jechuun adeemsa seeraa abbaan murtii tajaajila namaa dhaddacha geggeessee (1) murtii Minnesota Department of Human Services (DHS) waa'ee uwwisa MinnesotaCare irratti kenne; yookiin (2) murtii kaawuntii yookiin ejensiin gosaa waa'ee uwwisa gargaarsa yaalaa irratti taasise jechuudha.. Akkaataa kun itti hojii irra oolu caalaatti www.dhs.state.mn.us/appeals/faqs irra baruu dandeessu.

## Akkamittan ol'iyyannoo dhiheessa?

Iyyata barreeffamaa mataa keessanii dhiyeessuun, unka ol'iyyannoo DHS guutuudhaan, ykn bilbilaan ykn qaamaan nu qunnamuudhaan ol'iyyannoo dhiyeessu dandeessu. Kutaan Ol'iyyannoo DHS ykn ejensiin kaawuntii ykn gosa keessanii ol'iyyannoo keessan akka dhiheessitaniif isin gargaaruu danda'a.

Ol'iyyannoo jalqabuuf kanneen armaan gadii keessaa tokko raawwadha:

- Unka ol'iyyannoo argachuuf herrega MNsure.org keessanii seenaa.
- Maaloo unka DHS-0033 https://edocs.dhs.state.mn.us/lfserver/Public/DHS-0033-ENG irratti guutuudhaan karaa elektirooniksii galchaa.
- Odeeffannoo waa'ee ol'iyyannoo dhiyeessuuf, ejensii kaawuntii ykn gosa keessanii ykn Kutaa Ol'iyyannoo DHS 651-431-3600 irratti bilbilaa.
- Gaaffii keessan gara Minnesota Department of Human Services Appeals Division, PO Box 64941, St. Paul, MN 55164-0941, or fax it to 651-431-7523. irratti ergaa.
- Gargaarsa qaamaan argachuuf,  Minnesota Department of Human Services Information Desk, 444 Lafayette Road N, St. Paul, MN 55155 jiru deemu dandeessu.

## Maal irratti ol'iyyannoo dhiyeeffachu danda'a?

Kanneen keessaa kamiyyuu irratti ol'iyyannoo dhiyeessu dandeessu:

- Ejensiin kaawuntii ykn gosa, ykn DHS, gaaffii uwwisa kunuunsa fayyaa keessanii irratti tarkaanfii fudhachuu yoo dadhabe.
- Ejensiin kaawuntii ykn gosaa, ykn DHS, gaaffii keessan suuta yoo adeemsise.
- Ejensiin kaawuntii ykn gosaa ykn DHS tarkaanfii isin irratti walii hin galle fudhateera yoo ta'e (fakkeenyaaf tarkaanfii akka : uwwisa Medicaid dhorkuu, uwwisa sagantaa isin ulaagaa hin guutu jechuun yaadan raggaasisuu, faayidaa MinnesotaCare keessan jijjiiruu).

## Ol'iyyannoo yoom dhiyeessuun qaba?

Yoo ol'iyyannoon keessan Medicare ykn Minnesota Care kan ilaallatu ta'e, beeksisa kunuunsa fayyaa erga argattanii booda **guyyoota 30** keessatti ol'iyyannoo kee dhiyeessu qabdu. Yoo tarkaanfii Medicaid ykn MinnesotaCare **guyyoota 30** keessatti dhiyeessu dadhabuu keessaniif sababa qubsaa dhiyeessitan, guyyaa beeksifni kunuunsa fayyaa keessan ba'e irraa eegalee hanga **guyyoota 90**tti ol'iyyannoo dhiyeessu dandeessu. Odeeffannoo barbaachisaa dabalataa waa'ee daangaa yeroo ol'iyyannoo Medicaid fi MinnesotaCare armaan gadiitti ilaalaa.

***Barbaachisaa:*** Murtiin ol'iyyannoo miseensa maatii tokkoof kennamu ulaagaa miseensota maatii biroo irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Ulaagaa maatii irra deebiin murteessuun barbaachisaa ta'uu danda'a.

## Yeroo ol'iyyannootti faayidaan koo itti fufaa?

Faayidaa yeroo beeksisa eegumsa fayyaa argachaa turtan argachuu itti fufuu dandeessu. Garuu yeroo murtaa'e keessatti ol'iyyannoo keessan dhiyeessuun isin barbaachisuu danda'a:

Galmaa'ota Medicaid fi Minnesota Care'f, yeroo baay'ee guyyaa tarkaanfiin tokko hojiirra ooluu isaa guyyoota 10 fi isaa ol dura dursinee beeksisa isiniif erguu qabna, ykn haala jiru irratti hundaa'uun tarkaanfiin tokko guyyaa shan dura beeksisa isiniif erguu dandeenya. Guyyaa tarkaanfiin kun hojiirra oolutti Beeksisa Kunuunsa Fayyaa Dursuudhaan yoo galfattan, faayidaan keessan battalumatti itti fufa. Haalota muraasa keessatti, gochi tokko osoo hin raawwatamin dura ykn guyyaa gochi tokko raawwatame guyyoota shan hin guunne keessatti beeksisa isiniif erguu dandeenya. Guyyaa beeksisni kunuunsa fayyaa kenname irra eegalee guyyoota 15 keessatti ol'iyyannoo yoo dhiheessitan, faayidaan keessan itti fufa. Yeroo ol'iyyannootti uwwisa keessan akka itti fufuuf ji'a ji'aan pirimeemii MinnesotaCare kaffaluu qabdu. Faayidaan keessan akka itti fufu yoo hin barbaanne barreeffamaan DHS beeksisaa.

***Barbaachisaa:*** Yoo ol'iyyannoo dhabdan, yeroo ol'iyyannoo keessan hin xumuramnetti faayidaa argattan deebiftanii kaffaluu dandeessu ta'a.

***Barbaachisaa:*** Yoo faayidaan keessan dhaabbate, Medicaid ykn MinnesotaCare irra deebitee iyyachuuf mirga qabdu.

## Yoon battalumatti dhaddacha barbaade hoo?

Ol'iyyannoo ariifataa (saffisaan) gaafachuuf mirga qabdu. Yoo dhaddacha hatattamaa barbaaddan, yeroo ol'iyyannoo keessan galchitan maaliif akka ta'e DHS tti himaa. Gargaarsa yaalaa ykn MinnesotaCare argachuuf iyyannoo ariifataa gaafachuu yoo barbaaddan, Waajjira Ol'iyyannoo DHS 651-431-3600 (Metro) ykn 800-657-3510 (biyya alaa) qunnamaa.

## Erga ol'iyyannoo galche maal gochuun qaba?

Odeeffannoo gocha ol'iyyannoo dhiheessitan waliin walqabatu walitti qabaa ykn gochi sun maaliif dogoggora ta'uu isaa akka yaaddan mirkaneessaa ykn ibsaa.

Xalayaan guyyaa fi sa'aatii dhaddacha ol'iyyannoo ibsu isiniif ergama. Dhaddachi hedduun bilbilaan geggeeffama.

Jijjiirama (kan akka hojii jalqabuu ykn dhaabuu ykn jijjiirama nama isin waliin jiraatuu) yeroowwan kana keessatti gabaasuu itti fufaa:

- YooMinnesotaCare qabaattan **guyyoota 30**
- Gargaarsa fayyaa yoo qabaatta **guyyoota 10**

Yoo gargaarsa yaalaa qabaattan, jijjiiramni jiraachuu isaa beeksisuuf kaawuntii ykn ejensiin gosa keessanitti bilbilaa. Yoo MinnesotaCare qabaattan, DHS Health Care Consumer Support DHS 651-297-3862 ykn800-657-3672 irratti bilbiluun jijjiirama jiru gabaasaa.

## Ol'iyyannoo koo irratti gargaarsa argachuu nan danda'aa?

Dhaddacha irratti ofuma keessanii dubbachuu dandeessu. Namni biraanis akka isiniif dubbatu gochuu dandeessu. Yeroo ol'iyyannoo keessan galchitan dhaddacha irratti namni biraa isiniif dubbachuu akka barbaaddan nutti himuu dandeessu. Galiin keessan daangaa ka'amee gadi yoo ta'e, waajjira gargaarsa seeraa naannoo keessan jiru irraa gorsa seeraa argachuu dandeessu ykn ol'iyyannoo akka dhiheessitaniif isin gargaaruu danda'u.

CB3 (HC-Medical) 10-22

# Mirgoota Siiviilii Keessan

Loogiin seeraa cabsuudha. Minnesota Department of Human Services (DHS) kanneen armaan gadii kamiyyuu: sanyii, bifa, madda sabaa, amantii, haala gargaarsa ummataa, haala gaa'elaa, umurii, qaama miidhamummaa, saala (fedhii saalaa fi korniyaa dabalatee ). eenyummaa) ykn ilaalcha siyaasaa irratti loogii hin godhu.

## Tajaajila Bilisaa

**Odeeffannoo deeggarsaa:** Yoo qaama miidhamummaa qabaattan fi sagantaalee kunuunsa fayyaa keenya walqixa akka argattan mirkaneessuuf gargaarsaa fi tajaajila barbaaddan, DHS'n yeroodhaan akkasumas bilisaan ni kenna. Gargaarsi fi tajaajiloonni kunneen turjumaanoota gahumsa qabaniifi odeeffannoo bifa dhaqqabamaa ta'ee kan dabalatudha.

**Deeggarsa Afaanii:** Yoo Afaan Ingiliffaa hubachuuf rakkattan fi odeeffannoo fi tajaajila argachuuf gargaarsa afaanii barbaaddan, DHS tajaajila gargaarsa afaanii yeroodhaan akkasumas bilisaan ni kenna. Tajaajiloonni kunneenis sanadoota hiikamanii fi afaan dubbataman hiikuu kan dabalatudha.

**Tajaajila bilisaa kana DHS irraa gaafachuuf**, DHS Health Care Consumer Support 651-297-3862 ykn 800-657-3672 irratti bilbilaa. Yookiin tajaajila rileey filattan fayyadamaa.

### Komiiwwan mirga siiviilii

Dhaabbata tajaajila namaatiin loogiin isin irratti raawwatamuu isaa yoo amantan, komii loogii dhiyeessuuf mirga qabdu.

Komii loogii dhiyeessuuf kallattiin dhaabbilee sadan armaan gadii keessaa tokko qunnamuu dandeessu.

### U.S. Department of Health and Human Services' Waajjira Mirgoota Hawaasummaa(OCR)

Sababoota armaan gadii: sanyii, bifa, madda sabaa, umurii, qaama miidhamummaa, saala (fedhii saalaa fi eenyummaa korniyaa dabalatee) ykn ilaalcha siyaasaatiif loogiin narra gaheera jettanii yoo amantan, OCR, dhaabbata federaalaatti himachuuf mirga qabdu.

Himata dhiyeessuuf kallattiin **OCR** qunnamaa:

Centralized Case Management Operations
U.S. Department of Health and Human Services
200 Independence Avenue, SW
Room 509F, HHH Building
Washington, DC 20201
800-368-1019 (sagalee), 800-537-7697 (TDD)
202-619-3818 (faaksii)

**Minnesota Department of Human Rights (MDHR)**

Minisootaa keessatti, sanyii, halluu, madda sabaa, amantii, saala, fedhii saalaa, haala gaa'elaa, ykn gargaarsa ummataatiin, ykn qaama miidhamaa waan taataniif loogiin isin irra gahuusaa yoo amantan MDHRtti himachuuf mirga qabdu.

Komii dhiyeeffachuuf, kallattiin **MDHR** qunnamaa:

Minnesota Department of Human Rights
540 Fairview Avenue North, Suite 201
St. Paul, MN 55104
651-539-1100 (sagalee) or 800-657-3704 (kaffaltii irraa bilisa)
711 or 800-627-3529 (MN Relay), 651-296-9042 (faaksii)
Info.MDHR@state.mn.us (iimeelii)
https://mn.gov/mdhr/intake/consultationinquiryform/

**DHS**

Sababoota armaan gadii kamiinuu: sanyii, bifa, madda sabaa, amantii, haala gargaarsa ummataa, haala gaa'elaa, umurii,qaama miidhamummaa, saala (fedhii saalaa fi eenyummaa kornyaa dabalatee), ykn ilaalcha siyaasaatiin sagantaa eegumsa fayyaa keenya keessatti loogiin isin irra gahuu isaa yoo amantan DHS tti komii keessan dhiyeeffachuuf mirga qabdu.

Komiin guyyaa loogiin isin mudate irraa eegalee guyyoota 180 keessatti barreeffamaan dhiyaachuu qaba. Komiin kun maqaa fi teessoo keessan qabaachuu akkasumas loogii isin dhiyeeffattan ibsuu qaba. Komii keessan erga fudhannee booda, qorachuuf aangoo qabaachuu fi dhiisuu keenya barreeffamaan isin beeksifna. Yoo aangoo isaa kan qabnu ta'e, komii dhiyaate ni qoranna.

DHS bu'aa qorannoo barreeffamaan isin beeksisa. Murtii kenname irratti walii hin galle yoo ta'e, bu'aa kenname irratti ol'iyyannoo dhiheessuuf mirga qabdu. Ol'iyyannoo dhiheessuuf, DHS bu'aa qorannoo akka ilaaluuf iyyata barreeffamaa erguu qabdu. Maaliif murtoo kenname irratti akka waliif hin galee bifa gabaaba ta'een ibsaa. Odeeffannoo barbaachisaadha jettanii yaadan itti dabalaa.

Yoo haala kanaan komii dhiheessitan, namoonni ejensii himannaa keessatti maqaan isaa ibsame keessa hojjetan haaloo isinirratti bahuu hin danda'an. Kana jechuun iyyannoo dhiheessitaniif karaa kamiinuu isin adabuu hin danda'an jechuudha. Haala kanaan komii dhiyeessuun furmaata seeraa ykn bulchiinsaa biroo argachuu irraa isin hin dhorku.

Komii loogii dhiyeessuuf, kallattiin **DHS** qunnamaa:

Civil Rights Coordinator
Minnesota Department of Human
Services Equal Opportunity and Access
Division PO Box 64997
St Paul, MN 55164-0997
651-431-3040 (sagalee) ykn tajaajila rileeyi filattan fayyadamaa